ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT

جبهة تحرير اورومو

Guyyaa (Date): Amajjii 1, 2009 **Lakko. (No.):** 010/ABO/09

Dhaamsa Bara Haaraa - 2009
Hayyu Duree Adda Bilisummaa Oromoo Irraa

Bara 2008 xumurree kunoo isa haaraa, 2009 keessummeessuufi deemnna. Ummata Oromoo fi miseensota Adda Bilisummaa Oromoo (ABO) hundaan bakka jirtanitti maqaa ABOn baga bara haaraa 2009 geessan jedha. Barri haaraan itti deemnu kan milkii fi injifannoo saba keenyaaf akka tahus hawwiin qabun ibsa.

Barri dabre akkuma baroota isa duraatti, bara ummanni keenya roorroo fi dararama gara- garaa itti arge ture. Barri kun bara maanguddoon, geggeessittootni amantii fi aadaa, akkasumas dubartootni, baratootni, qoteebultootni fi hayyootni Oromoo "ABO deggerttan" jedhamuun mana hidhaatti guuramuun caalatti ittifufe ture. Dabrees, bara saba keenyaa fi saboota ollaa gidduutti lola motummaan Wayyanee qindeeysseen gaaga'amni guddaan lammii keenya irra gahee dha. Gooliin tooftaa qoodanii bulchuu irratti hundeeffame kun, hangam tokko sabni keenya aggammii motummaa Itoophiyaa isa dura akka ta'e caalatti mirkaneessa.

Duulli mootummaa Wayyanee hidhaa, ajjeechaa, saboota ollaan waldura dhaabuu qofa irratti kan murtaawe hin turre. Duulli miidhaa diinaggee fi hawaasummaas saba keenya irratti geggeeffamaa tures, bal'aa dha. Ummata Oromoo humnaan araddaa isaa irraa buqisuun biyyuma abbaa isaatti lafa-maleeyyii taasisuun lafa isaa alagaaf qooduun; Yoo miseensa OPDO hin taane carraa hojii, hayyama daldalaa fi sagantaalee misoomaa gara-garaa dhowwachuun bal'inaan itti fufee jira. Hunda caalaa ammoo, warri sababa caamsaan/oolaan beela'anii beeladaan isaanii duraa dhume gargaarsi adduunyaa illee akka isaan hin dhaqqabne dhorkuun ummanni balaa daangaa hin qabneef akka saaxilamu taasifame - taasifamaas jira.

Karaa siyaasaas, barri dabre bara sirni gabroomfataa Wayyanee caalaatti itti of ciimse ture. Oromoon yeroo filmaataa Wayyanee fi kitilayyoota ishii hin filin karaa hundaa gadi qabama; hireen jireenya isaa wayyeeffachuu itti cufama. Gariinis, sabboonummaa isaatiif yakkamee, naannoo isaa keessaa namoota dantaa yeroon bitaman ragaa sobaa itti baasuun hidhaatti dabrama. Kana malees, sabni keenya akka walshakku fi tokkummaan isaa laaffatee diina dhiisee wal-irratti bobba'u taasisuuf guddaa yaalameera. Dabalees, Oromoo naannoo tokkoo ifitti qabuun kaan hinaafsisuun walitti duulchisuuf shirri gara-garaa Wayyaaneen ijibatameera.

Hacuuccaa fi shiroonni kun hundi hameenna diinaa caalaatti kan saaxil dhaabuu fi dammaqiinsa sabumaa ummata keenyaa caalaatti kan olkaasuu malee, ummata keenya hamilee hin cabsine;

P. O. Box 21762, Washington, DC 20009 * Tel: (202)-521-5653
www.oromoliberationfront.info * waajjira@oromoliberationfront.info

harkas hin kennisiifne. Inumaahuu hijaa itti bulchee, wareegama bilisummaa isaaf kennuun irraa eegamu baasuuf murannoon akka socho'u taasisaa jira.

Roorroon bara dabre fuula hedduun ummata keenya irra gahan kanneen sirna bojuu itoophiyaa caalaatti mull'isan. Waan ta'eefis, roorroo sirna bojuu Itoophiya buqqisuuf karaan qabsoo haqaa fi milkeessaan kan bilisummaa Oromiyaa akka tahu nu mirkaneessa. Dhugaa kana fudhachuu diddaan warri sirna saba Oromoo hidhaa, ajjeesaa, fi qabeennaa isaa saamaa jiru kana irraa "Oromoon mirga isaa argachuuf carraan jira." jedhanii lalaban akka jiran beekkamaa dha. Daandiin kun, kaayyoo keenyaan kan mormu, mirga warra Itiyoophiyuummaa jalatti ukkamsanii nu bituu fedhanii kan tiksu waan ta'eef, dhaabni keenya ABOn dura dhaabbata. Marii akkasii keessaas hirmannaa akka hin qabne ibsina.

Akka ilaalchaa ABOtti, diina ummata keenya qorquun waltahuutti gamuu mannaa humnootni qabsoo bilisummaa Oromoo martinuu harka walqabatuun qabsicha finiinsuutu karaa milkii ti. Qorumsa saba Oromoo quunname morminee injifachuu danda'uuf tokkummaan qabsaawotaa murteessaa ta'uu amanna. Karaa jaarmota Oromoo bilisummaaf dhaabbatanii murteessummaa fi barbaachisummaan tokkummaa fudhatamee ABOn miseensa THBO akka ta'u waliif galamuun ejjennaa dhimma kana irratti qabnuuf tumsa jajjabeessaa dha. Gama keenyaan, qooda nurraa eegamu gumachuuf of hin qusatnu.

Karaa biraan, gama ABOtti yoo deebine, baroota dabran dhaabni keenya tokkummaan isaa hubamee miseensonni isaas qoodamuun dhoksaa miti. Maddi rakkoo kanaas kaayyoo ummatni fi qabsaawootni keenya hedduun itti wareegamanii fi wareegamaa jiran ta'uun har'a yeroo kamuu caalaa ifaa dha. Karaan haqaa fi dhugaas kam akka tahe hojiin adda bahaa dhufaa jira jenne amanna. Boris, hanga biyyi keenya bojuu jala jiraatetti, dhugaan kun caalaatti ifaa akka deemu mamiin hin jiru. Kanaaf, miseensotni dhaabichaa, qabsicha akka qaroo ija keessaniitti ilaaltanii fi mirkanaawuu walabummaa biyya keenyaaf dheebottan hundi, gara-garummaa nu gidduu jiru furree, gurmuu dhaaba keenyaa jabeessuun walii wajjiin qabsoo keenya akka itti fufnu irra deebinee yaamicha tokkummaa fi qabsoo isiniif dhiheessina.

Haalli addunyaa guutuu fi biyyoota gara-garaa keessatti bilisummaa sabaa fi birmadummaa mata mataa namootaa ilaalchisee mul'ataa jiru kan abdii namatti bulchuu dha. Bifa fedhan hundaan qabsaawuuf mirgi akkuma duraanii jiraachuu caalaa, qabsoofnaan mirga mulqaman deebifatanii gonfatuun akka danda'amu sosso'iinsa ummatoota addunyaa akka keenya roorrifaman irraa mirkanaawaa jira. Mootummaan nuti lollu, kanuma hamma malee dhaadatee itti bobba'ee deemsa keessa humnoota Somaalee faffaca'oollee mohuu akka hin dandeenye amanee eegee kofoo keessa suuqqatee Somaaliyaa keessaa godaanuuf deemuu dha.

Gufuun ol'aanaan roorroo jalatti nama hambisu, "falmachuuf hin tollu; hin dandeenyu" amantaa jedhu fi gurmuu walii tahuu mannaa tumsa diinaa tahuu dha; Daandii qabsoo dhugaa isa murannoo fi wareegama gaafatu irraa wal kaachisuu fi seexa walkeessatti ajjeessuu dha. Sun, diina hidhate caalaa hamilee qabsaawotaa caccabsee burkuteessa. Duula olola nyaaphaa kana irra aanuun hojii fardii ta'ee argama.

Maayyii irratti, saba Oromootiin jabaadhu, qabsoon dheeratee dararaan hammaatus wareegama kee fi ilmaan keetiin guyyaan bilisumma kee ni mirkanaawaa jenna. Qabsaawota ABO tiinis, har'as akka kaleeysaatti ummata bal'aa keenya, kaayyoo dhaaba keenyaa fi baallama gootawwaan keenyaaf seenne burqaa jabinaa fi muratnoo taasifatuun bara 2009 kan milkii fi injifatnoo taaasisuuf dachaa haa hojjetnu jenna.

Dhugaasaa Bakakkoo, Hayyu Duree ABO

P. O. Box 21762, Washington, DC 20009 * Tel: (202)-521-5653
www.oromoliberationfront.info * waajjira@oromoliberationfront.info